Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Faasikaa jalqabaa

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Janie Forest

Kan dagaagsame: Lyn Doerksen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2013 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Dubartiin gaaera ciinaa dhaabattee boosuu iji ishee iji guddaa argama isa rakkisaa ilaalaa jirti.

Ilmi ishee du'uuf jira. Haatii sun Maariyaamm turte, isheenis iddoo itti Yesuus dhaaabattee turte.

Inni kun hunduu akkamitti ta'ee? Yesuus jireenya bareedaa akkasii akkamittiin haala gaddisiisaa akkasiitiin xumuruu danda'ee?



Waaqayyoo
Ilmii isaa akka
fannoo
irratti
karaa
akkasittii
jibbisiisuun
akka fannifamuuf
maaliif eeyyamee?



Yesuus ofii Isaatii dogoggorri Inni raaw'ate ni jira ture? Waaqayyo kufee turee?

Lakki!
Waaqayyoo
hin kufne,
Yesuus
dogoggora
homaatuu hin
raawwa'ane
ture.

Yesuus yeruma
hundumaa
bakka namoota
yakkamootaa/
jal'ootaa/
akka du'aaf
dabarfamee
kennamuu ni
beeka ture.

Kan biraa haa
hafuutii yeroo
Yesuus daa'ima
turettuu Simoon
jaarsichi gaddi
fuulduratti
akka dhufu
Maariyaamiitti
himee ture.

Yesuus
ajjeefamuu
isaatiin dura
guyyoota
muraasa
dura, dubartiin
takka gara Isaa
dhufrtee urgooftuu
gatii jabaa ta'e fiddee
miila isaa irratti dhangalaaste.

“Isheen maaliif akkasumaan horii balleessiti” jedhanii duuka buutonni komii isaanii dhiheessan.

Yesuus
“Isheen
waan gaarii
goote. Awwaala
kootiif ta’a” jedhe.
Jechoota akkam
haaraa ta’anii!

kana booda Yihudaan bartoota
Yesuus hudhalamaan
keessaa isa tokko
inni ta'e
Yesuusiin
ganee
gurguruf ...

... meetii 30n hangafa
lubootaatti Isa
gurguruf walii
ni gale.

Yeroo ayyaana Faasikaa warra Yihudootaatti, Yesuus irbaata Isaa isa yeroo dhumaa bartoota Isaa wajjin ni nyaate.

Inni waa'ee
Waaqayyoo fi kakuu
Inni namoota isa
jaallatanii isaaniitti
ni hime.

Sana booda Yesuus buddeenaafi akka waliin qoodanii dhuganiif xoofoo tokko isaaniif kenne.

Wantoonni kunniin kan ta'an foonnif dhiigni Yesuus dhiifamaa cubbuu isaaniitiif akka kennaman yaadachiisuuf ture.

Sana booda Yesuus inni dabarfama kennamuufi akka jalaa ba'an hiriyoota isaattini hime ...



... "Ani kana ooluu hin danda'u"
Phexroos ni morme Yesuus garuu
"Otuu Indaaqqoon hin iyyin si'a sadii
naganta" ittiin
jedheen.



Booddee galgala sana Yesuus gara iddoo qannoo Getesamaaniyaa kadhachuuf ni deeme.

Bartoonni isaa wajjkin turan hirriiba guddaa keessa turan "Yaa Waaqayyoo Abbaa" jedhee Yesuus kadhata Isaa jalqabe "....xoofoo kana narraa fuudhi, ...

... Garuu akka fedhii keetii haa ta'u malee akka fedhii koo hin ta'in" jedhee.

Yeroosana namoonni macci (danuunYihudaadhaan gaggeeffamaa gara iddoo qannoo sanaa dhue. Yesuus hin mormineen, garuu immoo Pheexroos gurra nama tokko billaadhaan ni mure.

Yesuus namicha sana harkaan xuqee isa ni fayyise. Yesuus qabamuun Isaa kutaa fedha Waaqayyoo akka ta'e ni beeka ture.

Ummani danuun (Macci) sun Yesuusin gara hangafa lubootaatti ni geessani. Achittii, dursitoonni warra Yihudii yesuus du'uu qaba jedhan.

Dhiheenyatti Phexroos xonboree
takka cinaa ibidda
bira dhaabatee
ni mul'ate.

Yeroo sadii namooni Phexroosiin ilaalanii "Ati Yesuus wajjin turte."

Jedhani yeroo sadanuu Phexroos ni gane, akkuma Yesuus jedhe.
Phexroos sirumaa ni kakate.

KUKULUU-U-U-A



Yerosuma,
lukkuun
(Indaaqqoo)
kormaan ni iyye.
Inni Phexroosiif
akkuma sagalee
Waaqayyoo ture.

KUKULUU-U-U-A



Wanta Yesuus
ittiin jedhe
yaadachuudhaan
Phexroos
hirqinfatee
ni boo'e.

Yihudaaniis gaddee ture. Yesuus cubbuu ta'ee yakka homaatuu akka hin hojjenne ni beeke.

Yihudaan meetii 30
Sana deebisullee
luboonni sun irraa
fudhachuu ni
didan.

Yihudaan maallaqicha
darbatee deemee,
ofis hudhee of
ajjeese.

Luboonni Yesuusdhanii deemanii Philaaxos bulchaa warra Roomaa fuulduratti ni dhiheessani.

Philaaxos "Ani Nama kana irratti Yakka du'aa isa gessu irratti hin argine" Namoonni danuun sun garuu
iyya isaanii ittuma
fufanii "Fannisi!


Isa fannisi!”
ni jedhanii
iyyaa turan.

Dhumarratti Philaaxoos isa isaan isa kadhatan isaanii gochuuf ni murteesse, innis Yesuus fannifamee akka du'u ture. Loltonni Yesuusiin rukutanii, fuula Isaa irratti tufaa, akkasumas immoo ni garafaniin.





Uisaan gara
jabummaadhaan gonfoo
qoraattii garmalee
nama waraanu irraa
hojjetanii mataa
Isaatti ni kaa'an.

Sana booda akka Inni du'uuf fannoo mukarraa hojjetame irratti Isa ni fannisani.

Yesuus yeroo hundaa haala sanaan akka du'u ni beeka ture. Inni dabalataanis du'uun isaa warra cubbamoota kanneen amantii isaanii Isarratti godhataniif araaara



(dhiifama) akka fiduuf ni beeka ture.


Yakkamtoonni lama Yesuus
cinaadhaanfannifamanii
turanii. Inni tokko
Yesuusitti ni amane.
Sana boodas gara
Jeennatatti ni gale.
Inni kuun garuu
Jennatatti hin
galle ture.

Dhiphina sa'aatii muraasaatiin booda, Yesuus "xumurameera," jedhee ni du'e.
hojiin Isaa raaw'atee ture.

Hiriyoonni Isaa iddoo
awwaalaa dhuunfaa
keessatti Isa
ni awwaalan.

Sana booda loltoonni warra Roomaa itti cuffanii awwaalicha sana ni eegani.

Yeroo kana namni tokko iyyuu gahuu hin dandeenye ture.

Otuu wantii kun
dhuma seenichaa
ta'ee hammam
kan nama
gaddisiisu
ta'a ture.

Waaqayyo mgaruu wanta garmalee dinqii tokko ni raawate. Yesuus du'ee hin hafne ture!

Ganama barii guyyaa
jalqaba torbaniitti,
bartoota yesuus
keessaa
muraasni ...

... isaanii balbala boolla awwaalichaatirraa konkolaachuu isaa ni argan.

Keessa isaa yommuu ilaalan, yesuus achii keessa hin turre.

Dubartiin takka boo'aa achuma naannoo awwaala sanaa ni turte. Yesuus isheetti ni mul'ate.

Isheenis gammachuudhaan guutamtee bartoota kanneen birootti himuudhaaf ni fiigde.

"YESUUS
LUBBUUDHAAN
NI JIRA! YESUUS
DU'AA KA'EERA!"

Yerosuma Yesuus gara bartoota kan biroo ni dhufe, achiiyis harka isaa isa madaa'e isaanitti ni argisiise. Dhugaa ture! YESUUS DU'AA KA'EE LUBBUUDHAAN NI JIRA TURE! Inni Pheexroos isa Isa ganeef ni dhiise.

Sana boodas waa'ee Isaa namoota hundatti akka himaniif bartoota isaatti ni hime. sana booda Inni gara Waaqaa iddoo itti yeroo Guyyaa Dhaloota Isaa isa jalqabaa sana irraa dhufeetti ni deebi'e.

Faasikaa jalqabaa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Maatewos 26-28, Luqaas 22-24, Yohaanis 13-21

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante,
Waaqayyoon akkas jedhiin:
Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya koottii koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16